
# Daakaa Bishaanii

Afaan Oromoo

Kutaa 4

Leveled




# Daakaa Bishaanii

Afaan Oromoo

Kutaa 4

Leveled



Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

## Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.

- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.

- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.

- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

## Gaaffiilee Dubbisuun Duraa


1. Nama bishaan daaku argitanii beektuu?

2. Ofii keessanoo bishaan daakuu beektuu?

3. Yoo bishaan daakuu beektu ta'e, bishaan daakuu eessatti barattan?

4. Bishaan daakuun ispoortii akka ta'e beektuu? Sababa isaa ibsaa

## Boqonnaa 1: Bakka Daakaa Bishaanii



Caaltuufi Giiloon hiriyoota. Umriin isaanii waggaa kudhan. Kutaa afuris waliin baratu. Lamaan isaaniyyuu barumsa isaaniitiin ciccimoodha. Barattoota daree isaanii keessaa tokkoffaaf lammaffaa ba'u. Yoo Caaltuun tokkoffaa baate, Giiloon lammaffaa ba'a. Yoo Giiloon tokkoffaa ba'emmoo Caaltuun lammaffaa baati. Haala kanaan badhaasa argatu.

Gaaf tokko Caaltuufi Giiloon maatii isaanii waliin bakka bashannanaa deeman. Bakki bashannanaa kunis hoteela guddaa yoo ta'u bakka ijoolleen itti taphatan qaba. Akkasumas bakka itti bishaan daakaan qaba. Caaltuufi Giiloon bakka ijoolleen umrii adda addaa itti taphatan seenanii taphatan.

Dhumarrattis Caaltuufi Giiloon bakka itti bishaan daakan deeman. Naannoon itti bishaan daakan kun ta'umsa adda addaa qaba. Bishaanichis halluu cuquliisa fakkaatu waan qabuuf baayyee miidhagaadha. Namoonni umrii adda addaa bishaanicha keessa seenanii daakaa jiru. Ijoolleen leenjii irra jiran ammoo mudhii isaaniitti afuuffee gommaa fakkaatu hidhatanii daakaa jiru.

Caaltuufi Giiloon garuu bishaan daakuu waan hinbeekneef dhaabatanii ilaaluu irraa kan hafe homaa gochuu hindandeenye. Waan kana ta'eefis gammachuun isaanitti hindhaga'amne. Kanaaf Caaltuufi Giiloon bishaan daakuu barachuuf wal mari'atani. Maatii isaaniis eeyyamsiisuuf

waliigalan. Kanumaan gara maatii isaaniitti deebi'anii mariisisan.

Mari'achaadhuma maatii isaanii waliin gara mana mana isaaniitti deebi'an. Guyyaa borumtaasaa Caaltuufi Giiloon wal arganii nagaa wal gaafatan. Sana booda Caaltuun akkas jette, "Bishaan akka daaktu maatiin koo naaf eeyyamaniiru; torbanitti guyyaa tokko bishaan daakuu nan danda'a."

Giiloonis deebisee akkas jedhe, "Anaafis akkuma kee naaf eeyyamaniiru; garuu barumsa koo akka hindaganne na akeekkachiisaniiru."

Kana booda torbanitti gaaf tokko bishaan daakuu shaakaluuf na murteessan. Baayyes gammadan. Gammachuu isaanii kanas hiriyoota daree isaaniitti himan. Hiriyoota isaanii keessas baayyeen isaanii bakka bashannanaa deemanii akka bishaan daakan itti himan. Haala kanaan hiriyoota isaanii waliin bakka tokkotti wal ga'anii guyyaafi sa'atii walfakkaatu irratti deemanii bishaan daakuuf waliif galan.

Hiriyoota isaanii waliin erga waliif galanii booda Caaltuuf Giiloon sagantaa baafachuu jalqaban. Sababni isaas barumsa isaaniitiin akka boodatti hinhafneef yeroo isaanii bishaan daakkitiifi qu'annoof adda adda qoodanii itti gargaaramuuf. Sagantaa baafataniis maatii isaaniitti agarsiisan. Haala sagantaa ijoollee isaanii hubachuun maatiin isaanii Dilbata Dilbataa deemanii akka bishaan daakuu baratan eeyyamaniif.

Haaluma kanaan Caaltuufi Giiloon gabaa deemanii uffata bishaan daakuuf isaan barbaachisan bitatan. Sana booda bakka itti bishaan daakan deemanii galmaa'an. Nama bishaan daakuu isaan barsiisu waliinis wal baratan. Namni bishaan daakuu isaan barsiisu kunis bakkatti uffata isaanii jijjiiratan itti agarsiise. Gorsa adda addaas erga kenneef booda bishaan daakuu akka jalqaban karaa isaa itti agarsiise.

## Boqonnaa 2: Daakaa Bishaanii Barachuu



Guyyaa Dilbatatti bari'u Caaltuun hamma isheef barii'utti mudamteetti. Ganamaan kaatee uffata ishee isa ittiin bishaan daakuuf jettu korojoo isaa keessaa baaftee ilaalaa turte. Giiloonis akkuma Caaltuu bakka bishaan daakuu itti baratan deemuuf baayyee sardamee ture. Lamaan isaaniyyuu mana mana isaaniitii ciree isaanii erga nyaatanii booda sa'atii jedhanitti wal arganii waliin gara bishaan daakuu itti baratan deeman.

Giiloofi Caaltuun bakka bishaanichaa wayita ga'an akkuma durii namni hedduun bishaan daakaa jira. Isaan dafanii bishaan seenuu qaaneffatanii turan. Haa ta'u malee namni kamuu nama biroo gara galee ilaalu hinjiru. Namni bakka sana deeme hundi gammachuu mataa isaa hordofa. Inni kaan nidaaka, inni biroon nibarsiisaa, inni taa'uu daawwachuun bashannana.

Caaltuufi Giiloon akkuma ta'e ta'anii bishaan seenan. Yeroo bishaan seenan lamaan isaaniittuu sodaan itti dhaga'amee ture. Haa ta'u malee, ijoolleen akkumsa isaanii bishaan daakuu barachuuf shaakalan hedduun waan jiraniif of jajjabeessan. Namni bishaan daakuu isaan barsiisus baayyee isaan jajjabeesseera. Haala kanaan bishaan daakuu jalqaban.

Giiloofi Caaltuun gorsa nama isaan gargaaru fudhachaa shaakala isaanii itti fufan. Erga xinnoo turanii ammoo akkaata namni bishaan daaku harkaafi miila isaa sochoosu hubachuu jalqaban. Isaanis haaluma arganiin harkaafi miila isaanii sochoosuu jalqaban. Mudhii isaanii irratti gommaa

afuufamaa waan hidhataniiraniifis bishaan gad isaan liqimsuu akka hindandeenye hubataniiru. Kanaaf sodaan bishaaniin nyaatamuu isaan irraa salpahtee jira.


Giiloofi Caaltuun erga bishaan daakuu jalqabanii booda jijjiirama tokko tokko ofirratti arganiiru. Caaltuufi Giiloon yeroo bishaan daakan baayyee gammadu. Bishaan daakuun qaama isaaniis niboqochiisa; jabinas nikennaaf. Akkasumsa dadhabbii isaan irraa balleessa. Yeroo gara qu'annoo isaanitti deebi'anis sammuun isaanii baayyee haaromaaf. Kanaaf ispoortiin bishaan daakuu jabina qaamaafis ta'e cimina sammuuf baayyee gaarii akka ta'e hubataniiru.

Bakka bishaan daakuu baratanitti hiriyoota isaanii waliin waan wal arganiifis caalmaatiin gammadaniiru. Bishaan keessa seenanii walitti qoosuufi waliin kolfuun gammachuu addaa isaaniif dabalee jira. Caaltuufi Giiloon erga bishaan daakuu jalqabanii baayyee gammadoo akka ta'an maatiifi hiriyoon isaanii ragaa ba'aniiruuf. Caaltuufi Giiloonis waan kana dhaga'aniif hamileen isaanii baayyee cimeeraaf.

Caaltuufi Giiloon jijjiirama isaan agarsiisan karaa miiraa qofa miti. Dandeettii bishaan daakuutiinis yeroo gabaabaa keessatti jijjiirama nama ajaa'ibsiisu agarsiisaniiru. Namoota isaan dura bishaan daakuu barachuu jalqaban caalaaniiru. Gommaa afuufamaa sana erga ofirraa fuudhanii turaniiru. Ofiisaaniitiin of danda'anii daakuu danda'aniiru. Toftaan ittiin harkaafi miila isaanii qindoominaan fuudhaniis ijoollee bishaan daakuu barattu isaan hinfakkeessu.

Hiriyoota isaanii warra bishaan daakuu barachuu dhufan illee gargaaruu jalqabaniiru. Yeroo tokko tokko maatiin isaanii dhufanii isaan ilaalu. Bishaan daakuu barachuu ijoollee isaaniittis baayyee gammadu. Namoonni hedduun isaan daawwatan ammoo akka dorgommii bishaan daakuu jalqaban yaada isaaniif kennu. Keessumaa barsiisan ispoortii isaanii bishaan daakkitii Caaltuufi Giiloo waan argeef yeroo isaan argu hamlee kennaaf.

## Boqonnaa 3: Waldorgommii Daakaa Bishaanii



Giiloofi Caaltuun bara kutaa afur baratan keessa bishaan daakitii baratanii xumuran. Waggaadhuma sanas barumsaan akkuma durii isaanii tokkoffaafi lammaffaa ba'anii badhaasa argatanii kutaa shan seenan. Kutaa shanis osoo barachaa jiranii sagantaadhaan bishaan daakuu itti fufan. Kana jechuunis yeroo isaanii qu'annoofi bishaan daakuuf qoqqoodanii hojjetu.

Gaaf tokko barsiisaan ispoortii mana barnoota isaanii bakka bu'anii akka bishaan daakuu dorgomani Caaltuufi Giiloo gaafate. Giiloofi Caaltuunis mana barnoota bakka bu'anii dorgommii bishaan daakuu akka gaggeessaniif barsiisaa filatamu isaaniitti baayyee gamadan. Haa ta'u malee, maatii isaanii gaafatanii akka deebii kennaniif barsiisaa isaaniitti himan.

Gaafa sana akkuma galaniin waan barsiisaan ispoortii isaaniin gaafate maatii isaaniitti himan. "Mana barnootaa keenya bakka buunee akka bishaan daakuuf dorgomnu barsiisaa keenyaan filatamneerra," jedhanii maatii isaanii eeyyama gaafatan. Maatiin isaanii yeroo waan ijoolleen isaanii itti himan dha'agan baayyee gammadan. Mana barnootaa bakka bu'anii akka bishaan daakaniif filatamuun baayyee maatii isaanii boonse.

Caaltuufi Giiloonis maatii isaaniirraa eeyyama argachuu barsiisaa ispoortii isaaniitti himan. Innis

baayyee gammadee maqaa isaanii galmeesse. Sana booda, haala adda ta'een leenjii bishaan daakuu akka isaaniif kennuuf leenjisaa biroo waliin akka wal isaan barsiisuu itti hime. Isaanis waan barsiisaan itti hime fudhatanii gara barumsa isaaniitti deebi'an.

Yeroo Caaltuufi Giiloon gara daree seenan barattoonni daree isaanii maaliif barsiisaan ispoortii akka isaan waame gaafachuu eegalan. Barattoonni Caaltuutti dhiyaatan akkas isheetiin jedhan, "Caaltu barsiisaan ispoortii maaliif sin waame?". Caaltuunis akkas jettee deebisteef, "Aniif Giiloon bishaan daakuutiin mana barumsa keenyaa bakka buunee akka dorgomnuuf nu galmeesse.

" Barattoonnis akkas ittiin jedhan, "Akkas taanan barumsa dhiisuu keessan."

"Lakki osoo barannuuti malee barumsa dhiisneetii miti," jettee deebisteef.

Barattoonni warri Giilootti dhiyaatanis

gaaffiidhuma wal fakkaatu isa gaafachaa turan. Giiloonis deebii quubsaa kenneef. Haala kanaan barattoonni daree isaanii deeggarsa isaaniif kennuu jalqaban.

Giiloofi Caaltuun dorgommii bishaan daakuu irratti hirmaachuuf erga murteessanii booda kaka'umsi isaan bishaan daakuuf qaban baayyee dabalee ture. Dorgammii bishaan daakuu irratti hirmaatanii qabxii haaraa galmeessisuuf murteessaniiru. Dorgommii kana mo'achuufis shaakala adda ta'e gochuuf ka'aniiru.

Osoo kanaan jiranii barsiisaan ispoortii isaanii Caaltuufi Giiloo bakka bishaan daakuutti beellame. Haaluma kanaanis Dilbata ganama bakka bishaan daakanitti wal argan. Barsiisaan ispoortii isaaniis dubartii bishaan daakuutiin leenjii isaaniif kennitu waliin wal isaan barsiise. Akka barsiisaan ispoortii isaaniii isaanitti himetti

dubartiin kun haala adda ta'een akka dorgommiif leenjii isaaniif kennituuf mana barumsaa isaaniitu isaaniif qacare.

Haala kanaan Giiloofi Caaltuun dorgommii bishaan daakuu keessatti hirmaachuuf leenjii addaa jalqaban. Leenjiin isaan fudhatanis beekumsaafi shaakala bishaan daakuu irratti hundaa'e. Karaa beekumsaa, mala bishaan daakuu ilaalchisee kitaabilee adda addaa dubbisu; leenjiftuu isaanii waliinis irratti marii gaggeessu. Akkasumas seera dorgommii bishsaan daakuu nibaratu. Karaa shaakala ammoo yeroo dheeraaf haala dadhabisiisaa ta'een bishaan daaku.

Giiloofi Caaltuun haala kanaan osoo wal irraa hinkutiin ji'oota sadiif leenjii fudhatan. Ji'oota sadii booda mala bishaan daakuu irratti beekumsi isaan argatan jijjiirama sammuu isaanii argamsiise. Naamusa bishaan dorgommiifi daakuus argataniiru. Karaa shaakalaas yeroo

dheeraaf haala dadhabsiisaa ta'e keessa bishaan daakanii keessa kutuu danda'aniiru. Beekumsa, naamusafi dandeettii isaaniis waan beekaniif baayyee ofitti amanu.

Caaltuufi Giiloon, leenjii fudhatanii ji'oota sadii booda dorgommii seenan. Bakka dorgommii bishaan daakuu kanatti barattoonni, barsiisoonniifi maatiin barattootaa argamanii turan. Caaltuun dubartoota faana dorgomte; Giiloon ammooo ijoollee dhiiraa waliin dorgome. Akka qabxiin dorgommii agarsiisuttis Caaltuun shamarran keessaa tokkooffaa baate. Giiloon ammoo ijoollee dhiiraa keessaa tokkoffaa ba'e. Lamaan isaaniyyuu mana brumsaa isaaniifi maatii isaanii boonsanii badhaasa argatan.

Giiloofi Caaltuun erga sagantaan badhaasaa xumuramee booda gara mana isaaniitti galan. Maatiiwwan isaaniis galgala hirbaata qopheessanii bunas danfisanii olla waamun gammachuu ijoollee isaaniif qaban mul'isan. Ollaaniis Giiloofi Caaltuuf badhaasa fidaniif; isaaniis ollaa isaaniirraa badhaasa fudhatan. Badhaasni isaan argatanis abaaboo, qubeessaa, keekii, kitaabaafi kkf ture.

Guyyaa itti aanu, Giiloofi Caaltuun wal eeganii gara mana baroota isaanii waliin deeman. Hiriyoonni isaaniis karaa irratti isaaniin simatanii dinqisiifannaa isaaniif qaban itti himan. Barattoonni dhiiraafi shamarran hedduun akka Giiloofi Caaltuu daakaa bishaanii baratanii dorgommii jalqabuu akka barbaadan itti himan. Barattoonni tokko tokko ammo ogummaa bishaan daakuu akka Giiloofi Caaltuu irraa barachuu barbaadan itti himan. Giiloofi Caaltuunis hiriyoota isaanii gorsaa, jajjabeessaafi kokkoolfaa mana barnootaa seenan.

## Gaaffiilee Dubbisuun Boodaa

1. Caaltuufi Giiloon maaliin dorgoman?

2. Giiloof Caaltuutiin akka dorgomaniif eenyutu isaan filate?

3. Isin mana barnootaa keessan bakka buutanii dorgomtanii beektuu?

4. Ispoortiin karaa barnootaa dadhabaa nama taasisaa? Mee yaada keessan waliif ibsaa.